WAAJJIRA AFYAA'IIFI CAFFEE OROMIYA

Waggaa 13^ffaa ...... Lak. 11/1997
13ኛ ዓመት……ቁጥር ፲፩/፲፱፻፺፯
13th year ............ № 11/2005

Finfinnee, Qaammee 1/1997
ፊንፊኔ ጳጉሜ ፩ ቀን ፲፱፻፺፯
Finfine, Sep. 6, 2005

# MAGALATA OROMIYAA
# መገለተ ኦሮሚያ
# MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokko ........................
ያንዱ ዋጋ ..........................
Unit Price ............................

To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe
በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ

Lakk. S. Poostaa 21383-1000
የፖ.ሣ.ቁጥር ..........
P.O.Box ................

## QABEENTAA

Labsii Lak. 97/1997

Labsii Naannoo Oromiyaatti Dhaabbilee Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhangala'aa Magaalotaa Hundeessuuf Bahe Lak. 78/96 Fooyyessuuf Bahe ............... Fuula 1

## ማውጫ

አዋጅ ቁጥር ፺፯/፲፱፻፺፯

በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት የከተሞች መጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ድርጅት ለማቋቋም የወጣውን አዋጅ ቁጥር ፸፰/፲፱፻፺፮ ለማሻሻል የወጣ አዋጅ ........................................ ገጽ ፩

## CONTENT

Proclamation No. 97/2005

A proclamation to amend the Urban Water Supply and Sewerage Service Enterprises of Oromia National Regional State Establishment Proclamation No. 78/2004 Amendment ........................................ Page 1

## Labsii Lak. 97/1997

### Labsii Naannoo Oromiyaatti Dhaabbilee Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhangala'aa Magaalotaa Hundeessuuf Bahe Lak. 78/1996 Fooyyessuuf Bahe

Dhaabbileen Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhangala'aa Magaalota Oromiyaa bu'uura Labsii Lak. 78/1996tiin hundeeffaman Hojii Bulchiinsaafi Teeknikaatiin cimanii kaayyoosaanii galmaan gahuu akka danda'an gurmaa'ina isaanii fooyyessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa keewwata 49(3)(a) tiin kan kanatti aanu labsamee jira.

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Labsiin kun "Labsii Naannoo Oromiyaatti Dhaabbilee Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhangala'aa Magaalotaa Hundeessuuf Bahe Lak.78/1996 Fooyyessuuf Bahe Lak. 97/1997" jedhamee waamamuu ni danda'a.

## አዋጅ ቁጥር ፺፯/፲፱፻፺፯

### በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት የከተሞች መጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ድርጅት ለማቋቋም የወጣውን አዋጅ ቁጥር ፸፰/፲፱፻፺፮ ለማሻሻል የወጣ አዋጅ

በአዋጅ ቁጥር ፸፰/፲፱፻፺፮ መሰረት የተቋቋመ የኦሮሚያ የከተሞች መጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ድርጅቶችን አስተዳደራዊና ቴክኒካዊ የሥራ አቅም በማጐልበት የተቋቋሙለትን ዓላማ ከግቡ እንዲያደርሱ ለማስቻል አደረጃጀታቸውን ማሻሻል አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ሕገ-መንግሥት አንቀፅ ፵፱/፫/ሀ/ መሰረት የሚከተለው ታውጇል።

፩. **አጭር ርዕስ**

   ይህ አዋጅ "በኦሮሚያ የከተሞች የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ድርጅቶች ለማቋቋም የወጣውን አዋጅ ቁጥር ፸፰/፲፱፻፺፮ ለማሻሻል የወጣ አዋጅ ቁጥር ፺፯/፲፱፻፺፯" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።

## Proclamation No. 97/2005

### A proclamation to amend the Urban Water Supply and Sewerage Service Enterprises of Oromia National Regional State Establishment Proclamation No. 78/2004 Amendment

**WHEREAS,** it has become necessary to make the urban water supply and sewerage service enterprises established by Proclamation No. 78/2004 strong through administrative and technical works that enable them achieve their objectives.

**NOW, THEREFORE,** in accordance with Article 49 (3) (a) of the Oromia National Regional State Constitution, it is hereby proclaimed as follows.

1. **Short Title**

   This proclamation may be cited as "The Proclamation to Provide for the Establishment of Urban Water Supply and Sewerage Service Enterprises of Oromia National Regional State Amendment Proclamation No. 97/2005."

**2. Foyya'iinsa**

Labsiin Lak. 78/96 akkaataa kanatti aanee jiruun fooyya'eera:

1) Tumaaleen keewwata 5 keewwata xiqqaa 4 jalatti aangoofi hojiin dhaabbatichaaf kenname akkuma eegameetti ta'ee kan kanatti aanu itti dabalameera.

"(a) Dhaabbatichi waliigaltee dhiyeessa bishaanii maammiloota wajjin mallatteessurratti ammantaa Meetir Kuubii kuusaa bishaanii ni murteessa;

(b) Maammilli bishaanii kamiyyuu kuusaa bishaanii waliigaltee dhiyeessa bishaaniirratti murta'een ala akka hin ijaarre ni to'ata; ijaaramee yoo argamees seeraan akka jigu ni godha."

2) Tumaaleen keewwata 7 keewwata xiqqaa 1 fi 2 jala jiranu haqamanii akkaataa kanatti aanuun fooyya'aniiru:

"1)Boordii Bishaanii Biiroo Qabeenya Bishaaniitiin hundeeffamu:

(a) Biiroon Qabeenya Bishaan Oromiyaa Boordii Bishaanii Dhaabbilee Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhangala'aa magaalota sadarkaa 1ffaa fi 2ffaa keessaatti argaman ni hundeessa;

(b) Namni Biiroon bakka buusu walitti qabaa Boordichaa ni ta'a.

(c) Boordichi miseensota Boordii Labsii Lak. 78/1996 keewwataa 7 jalatti tarree qubee (a)-(i) tti ibsaman ni qabaata; miseensonni kunis Bulchiinsa Magaalaa keessaa ykn alaa ramadamuu ni danda'u."

"2)Boordii Bishaanii Waajjira Qabeenya Bishaanii Godinaatiin hundeeffamu:

(a) Waajjirri Qabeenya Bishaanii Godinichaa Boordii Bishaanii Dhaabbilee Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhangala'aa magaalota sadarkaa 3ffaa fi 4ffaa keessaatti argaman ni hundeessa;

(b) Namni Waajjirri Qabeenya Bishaanii Godinichaa bakka buusu walitti qabaa Boordichaa ni ta'a;

**፪. ማሻሻያ**

አዋጅ ቁጥር ፸፰/፲፱፻፺፮ ከዚህ እንደሚከተለው ተሻሽሏል።

፩) በአዋጁ አንቀፅ ፭ ንዑስ አንቀፅ ፬ ስር ለድርጅቱ የተሰጠው ስልጣንና ተግባር እንደተጠበቀ ሆኖ ከዚህ የሚከተለው ተጨምሯል።

"(ሀ) ድርጅቱ ከደንበኞች ጋር በሚፈራረመው የውሃ አቅርቦት ውል ላይ የደንበኛውን የውሃ ማጠራቀሚያ ታንከር ሜትር ኩብ ($m^3$) መጠን ይወስናል።

(ለ) ማንኛውም የውሃ ደንበኛ በውል ላይ ከተወሰነው ሜትር ኩብ ($m^3$) በላይ የሚይዝ የውሃ ማጠራቀማያ ታንከር እንዳይገነባ ይቆጣጠራል፤ ተገንብቶ ከተገኘም በህግ እንዲፈርስ ያደርጋል።

፪. የአዋጁ አንቀፅ ፯ ንዑስ አንቀፅ ፩ እና ፪ ስር የሚገኙት ተሽረው ከዚህ እንዲሚከተለው ተሻሽለዋል።

"፩) በውሀ ሀብት ቢሮ የሚቋቋም የውሃ ቦርድ፡

(ሀ) የኦሮሚያ ውሃ ሀብት ቢሮ በ፩ኛ ደረጃ ከተሞች የሚገኙትን መጠጥ ወሃና ፍሳሽ አገልግሎት ድርጅት የውሃ ቦርዱ ያቋቁማል።

(ለ) ቢሮው የሚወክለው ሰው የቦርዱ ሰብሳቢ ይሆናል።

(ሐ) ቦርዱ በአዋጅ ቁጥር ፸፰/፲፱፻፺፮ አንቀፅ ፯ ስር በፊደል ተራ /ሀ-ቀ/ የተጠቀሱትን አባላት ይይዛል፤ አባላቱም ከከተማው አስተዳደር ወስጥ ወይም ውጪ ሊሆኑ ይችላሉ።"

"፪) በዞኑ ውሃ ሀብት ጽ/ቤት የሚቋቋም የውሃ ቦርድ

(ሀ) የዞኑ ውሃ ሀብት ጽ/ቤት በ፫ኛና ፬ኛ ደረጃ ከተሞች የሚገኙትን የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ድርጅት የውሃ ቦርድ ያቋቁማል።

(ለ) የዞኑ ውሃ ሀብት ጽ/ቤት የሚወክለው ሰው የቦርዱ ሰብሳቢ ይሆናል።

**2. Amendment**

Proclamation No. 78/2004 is amended as follows:

1) Without prejudice to the powers and duties of the enterprise stipulated under Article 5 Sub Article 4 the following are added.

"(a)When signing the water supply contract the enterprise shall decide the capacity ($M^3$) of the tanker.

(b) It shall check the construction and capacity of water tankers of any client. If the client has built a tanker, which has more capacity than specified in the signed water supply contract, it has the right to demolish the water tanker according to the law."

2) The provisions of Article 7 Sub Article 1 and 2 are repealed and amended as follows:

"1) Establishment of Water Board By Water Resources Bureau

(a) Oromia Water Resource Bureau shall establish Water Supply and Sewerage Service enterprises for 1st and 2nd grade urban towns.

(b) A man assigned by the Bur shall be the chairperson of the Water Board.

(c) The Water Board shall consist of board members stipulated under Article 7, sub Article (a) to (i) Proclamation No. 78/2004. The members could be assigned from or out of the towns Administration as deemed necessary.

"2) Water Board Established By Zonal Water Resource

(a) The Zonal Water office shall establish Board for Water Supply and Sewerage Service Enterprises of 3rd and 4th grade urban towns.

(b) A man assigned by the Zonal Water Resource Office shall be the chairperson of the Water board.

(c) Boordichi miseensota Boordii Labsii Lak. 78/1996 keewwata 7 jalatti tarree qubee (a)-(i) tti ibsaman ni qabaata."

3) Tumaaleen keewwata 8 waa'ee itti waamamummaa, aangoofi hojii Boordii Bishaanii magaalotaa akkaataa kanaa gaditti yemmuu fooyya'anu keewwanni 8 (1), 8 (2) fi 8 (3) wal jalaa siquudhaan 8 (5), 8 (6) fi 8 (7) ta'uudhaan dubbifamu;

"1) Itti waamamni Boordii Bishaanii Dhaabbilee Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhangala'aa magaalota sadarkaa 1ffaa fi 2ffaa keessatti argaman Biiroof ta'ee, aangoofi hojii Labsii Lak 78/1996 keewwata 8 jalatti kennameef ni qabaatu;

2) Biiroon taarifa bishaanii Dhaabbatichaan qoratamee dhiyaateef akkuma jirutti ykn fooyyessee ni raggaasisa; ni haqa; kan ragga'e hojiirra akka oolu ni taasisa;

3) Itti waamamni Boordii Bishaanii Dhaabbilee Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhangala'a magaalota sadarkaa 3ffaa fi 4ffaa keessatti argaman Waajjira Qabeenya Bishaanii Godinichaatiif ta'ee, aangoofi hojii Labsii Lak. 78/1996 keewwataa 8 jalatti kennameef ni qabaata;

4) Waajjirri Qabeenya Bishaanii Godinichaa taarifa bishaanii Dhaabbata Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhangala'aa magaalota sadarkaa 3ffaa fi 4ffaa dhaan qoratamee dhiyaateef Biiroo Qabeenya Bishaanii wajjin mari'achuudhaan akkuma jirutti ykn fooyyessee ni raggaasisa; ni haqa; kan ragga'e hojiirra akka oolu ni taasisa."

3. <u>Yeroo Labsichi Itti Ragga'u</u>

Labsiin kun Qaammee 1 Bara 1997 irraa eegalee kan ragga'e ta'a.

**Finfinnee,**
**Qaammee 1 bara 1997**

**Juneeydii Saaddoo**
**Pireezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

(ሐ) ቦርዱ በአዋጅ ቁጥር ፸፰/፲፱፻፺፮ አንቀፅ ፯ ስር በፊደል ተራ /ሀ-ቀ/ የተጠቀሱትን አባላት ይይዛል::"

፪. በአንቀጽ ፰ ስር የከተሞች ውሃ ቦርድ ተጠሪነት፣ ሥልጣንና ተግባር እንደሚከተለው ሲሻሻሉ፣ ንዑስ አንቀጽ ፰(፩)፣ ፰(፪) እና ፰(፫) ድንጋጌዎች በመጠጋጋት ፰(፭)፣ ፰(፮) እና ፰(፯) ሆነው ይነበባሉ::

"፩) በ1ኛ እና በ2ኛ ደረጃ ከተሞች የሚገኙ የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ጽርጅቶች የውሃ ቦርድ ተጠሪነት ለቢሮው ሆኖ በአዋጅ ቁጥር ፸፰/፲፱፻፺፮ አንቀፅ ፰ ስር የተሰጣቸው ሥልጣንና ተግባር ይኖራቸዋል::

፪) ቢሮው በድርጅቱ ተጠንቶ የቀረበለትን የውሃ ታሪፍ በሙሉ ወይም አሻሽሎ ያፀድቃል፤ ይሰርዛል፤ የፀደቀውን ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል::

፫) በ፫ኛ እና በ፬ኛ ደረጃ ከተሞች የሚገኙ የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ድርጅቶች የውሃ ቦርድ ተጠሪነት ለዞኑ ውሃ ሀብት ጽ/ቤት ሆኖ በአዋጅ ቁጥር ፸፰/፲፱፻፺፮ አንቀፅ የተሰጣቸው ሥልጣንና ተግባር ይኖራቸዋል::

፬) የዞኑ ውሃ ሀብት ጽ/ቤት በ፫ኛና በ፬ኛ ደረጃ ከተሞች የመጠጥ ውሃና ፍሳሽ አገልግሎት ድርጅቶች ተጠንቶ የቀረበለትን የውሀ ታሪፍ ከቢሮው ጋር በመመካከር የውሀ ታሪፍ በሙሉ ወይም አሻሽሎ ያፀድቃል፤ ይሰርዛል፤ የጸደቀውን ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል::"

፫. <u>አዋጁ የሚፀናበት ጊዜ</u>

ይህ አዋጅ ከጳጉሜ ፩/፲፱፻፺፯ ጀምሮ የፀና ይሆናል::

**ፊንፊኔ**
**ጳጉሜ ፩/፲፱፻፺፯**

**ጁነይዲ ሣዶ**
**የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ፕሬዚዳንት**

(c) The Water Board shall consist of board members stipulated under Article 7, Sub-Article (a) to (i) of Proclamation No. 78/2004.

3) While amending the stipulations of accountability, powers, and duties of urban water boards provided under Article 8, Sub Articles 8(1), 8(2), and 8(3) shall be read as 8(5), 8(6), and 8(7).

1) The Water Board of 1st and 2nd grade Urban Water Supply and Sewerage Service Enterprise shall be accountable to the Bureau, and has powers and duties stipulated under Article 8 of Proclamation No. 78/2004.

2) The Bureau shall rectify the water tariff studied by the Enterprise as a whole, amend or reject and implement the rectified tariff.

3) The Water Board of 3rd and 4th grade urban Water Supply and Sewerage Service Enterprise shall be accountable to the Zonal Water Resource Office, and have powers and duties stipulated under Article 8 of Proclamation No. 78/2004.

4) The Zonal Water Resource Office in consultation with the bureau, shall rectify the water tariff studied by the 3rd and 4th grade urban water supply enterprise as a whole, amend or reject and implement the rectified tariff.

3. <u>Effective Date</u>

This Proclamation shall come into effect as of 6 September 2005.

**Finfinne**
**September 6, 2005**

**Juneydi Sado**
**President of the National Regional Government of Oromia**